''Jannanni gara tokkoo kessaniitti Haada kophee keessanii irra dhihaatti, ibiddis akkasuma''

Ibnu Mas'uud irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhan: ''Jannanni gara tokkoo kessaniitti Haada kophee keessanii irra dhihaatti, ibiddis akkasuma''.

[sirrii] [Bukhaariitu gabaase]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- dhugumatti jannannii fi ibiddi ilma namaatti haada kophee gubbaa faanaa irra jiruu caalaa dhihoo ta'uu himan, namni gariin ibaadaa waan Rabbiin jaallatu irraa tokko hojjatee isiidhaan jannata seenuun waan maluufi, yookaan badii tokko dalagee sababaa ibidda seenuu ta'uun isaa waan maluufi.

http://sunnah.global/hadeeth/om/show/3581